

PAI
pai.org



HAGAYYA 2020

JECHA MATAA ISAANITIIN:

DARGAGGOO FI SHAMARRAN BIYYA KEESSATTI
BUQQAA'ANIIF DANQAAWWAN GAHIINSA FAYYAA SAALAA
FI WAL-HORMAATAAF HUBACHUU

QORANNOO OROMIYAA IRRAA, ITOOPHIYAA

Ibsa Gabaabaa

Dhimmoota bal'inaan gama dhaabbilee deeggarsaatiin dagataman dubartoota, ijoollee fi dargaggoota balaawwan rakkoolee fayyaa fi of eegannootiif saaxilaa jiru. Dargaggoota fi shamarran umuriin isaanii waggaa 10 hanga 24 gidduuti argaman fedhiwwan fayyaa haala barbaachisuun hingutamiin hafe qabu. Itoophiyaa kan biyya uummata miliyoona 104 qabdu, veroo dhiheenya keessa haalli buqa'iinsaa dabalaa dhuufuun namoonni gara miliyoona 3.2tti tilmaamaman hanga bara 2018 bakka jireenyaa isanii irraa dhiibaamanii buqqa'iiniiru. Gosaan walitti bu'uun, ongeefi lolaan namoota mana jireenyaa isaani irraa akka buqa'aniif sababa ta'ee itti fufee osoo jiruu, buqa'iinsi kunis namoota kanneen irratti dhiibbaa adda addaa qabaata - Namootabiyya keessatti buqqaa'an (IDPs) keessaa %51 ol dubartootaa fi shamarran yoo ta'an, kan dhibbeentaa 60'tti siqan ammo kanneen umuriin isaanii waggaa 18 gadiiti. Walitti bu'insichaaf bu'uurarraa falli yoo barbaadameef akkasumas balaawwan jijjirama qilleensa wal-qabatee mudatatuus hir'isuuf tarkaanfiiwwan hojiirra hin olfanne ta'e, tarii Itoophiyaan lakkoofsa namoota biyya keessatti buqqaa'an (IDPs) deeggarsa namummaa eeggatan olaanaan mudachuun kan itti fufuta'a.

Sababii IDPs irra caalaan dargaggoota, dubartootaa fi shamarran umurii dahumsaa keessatti argaman waan ta'aniif, mootummaan Itoophiyaa fi dhaabbileen mit-mootummaa biyya keessaa fi idil-addunyaa walta'uun hojjatan, saaxilamummaa addaa qaamoolee hawaasa kanneeniif xiyyeeffannaa kennu qabu. Mootummaan fayyaa wal-hormaataa irratti kutannoo olaanaa agarsiisuu fi imaammatawwan fooyyeessaa jiraatullee, Itoophiyaa keessatti dargaggoonni fi shamarran gahiinsa karoora maatii fi odeeffannoo, barnootaa fi tajaajilawwan fayyaa wal-hormaataa ammallee rakkoolee caasaa fi danqa hawaasummaatu mudataa jira. Dabalataanis, mootummaan karoora gargaarsa namummaa amma taasisaa jiru keessatti dhimma fayyaa wa-hormaataa dargaggootaa fi shamarranii addatti deebii kenna kanjiru ta'u illee, karoorri maatii fi saalaa fi wal-hormai fayyaa sochiiwwan yeroo bala tasaa keessatti ammallee haala gahaa ta'een dursi hin kaa'amne.


Sagalee dargaggoota biyya keessatti buqqaa'an kanneeni dhageessisuuf jecha, PAI rakkoolee dargaggoonni fi shamarran yeroo buqa'iinsaatti mudatu hubachuuf qorannoo Yuunivarsiitii Jimmaa waliin ta'uun geggeessee ture. Magaalootii xixiqqaa fi gurguddaan sababii IDPs hedduun itti uumama jiruuf, qorannichi Onkoloolessaa hand Sadaasa 2019'tti hawaasa buqqaa'anii naannoo Oromiyaatti argaman irratti gaggeefame. Marii garee shan irratti xiyyeeffatee buqaatoota 42 kan umuriin saanii waggaa 14 hanga 24 hammateen gaggeefameen, qorattoonnis dargaggoonni fi shamarran yeeroo buqqaa'insaa akka fedhiwwan saalaa fi wal-hormaata fayyaa isaanii akkamitti akka hubatan, muuxannoo fi fala argatan baruuf yaada laatanii jiru. Mariiwwan kunneenis gaaffii fi deebii odeeffanicha irratti murteessoo ta'an 12 fi hasaa al-idile dabalataa qaamoolee qooda keessaa qaban kan biraa, oggantoota IDPs dabalatee bakka bu'oota mootummaa gandaa fi bulchiinsa hospitaalaa waliin taasisameen kan deeggaramedha.

Hirmaattoonni dargaggoo fi shamarranii yaaddoowwan FayyaaSaalaa fi Hormaataa SRH isaanii akkasiin adda baasan:

- Heeruma ijoollummaa, umurii malee fi dirqiin raawwatamuu fi ulfaa fi daa'ima godhachu umurii ijoollummaa;
- Ilaalchawwan hawaasummaa fi amantaa fayyadama maloota karoora maatii fayyadamuu irratti dhiibbaa taasisan;
- Hir'ina barnootaa fi odeeffannoo SRH; fi
- Bakkeewwan buqqaa'iinsaa akka danqa fayyaa saalaa fi wal-hormaata fi mirgoota SRHR tti.

Dhimmootii hedduun dargaggoo fi shamarran IDPs kunneen ibsanis kan shamarranii fi dargaggoonni bakkeewwan balaatiin alatti argaman mudatuun wal-fakkaataadha. Akkuma dargaggootaa fi shamarran Itoophiyaatti argaman kan biraa, dargaggootii fi shamarran IDPs tajaajilaawwan wal-hormaata fayyaa kan akka karoora maatii, isaaniif, maatii fi hawaasa isaaniis kan fayyadu, kaayyoowwan isaanii fiixaan akka baafataniif kan gargaaru ta'u amanu. Rakkoolee akka ijoollummaan heerumuu, umurii malee fi dirqiin raawwatamuun, walqabatees rakkoolee fayyaa ulfaa'uu, daa'ima wal-walirratti godhachuun fakkaatanis dandeettii barachuu akkasumas maatii saanii deeggaruuf qaban irratti dhiibbaa akka taasisuu kaasaniiru - dhimma walfakkaataan kunis kan dargaggootaa fi shamarran Itoophiyaa bakka jireenyaa isaanii hin buqqaa'iin keessattis bal'inaan mudatuudha. Haa ta'u malee, hawaasni bakka jireenyaa isaatii buqqa'ee jiru kanatti ilaachi aadaafi amantaa gama SRH irratti qabu akka cimuu taasisa. Bakkeewwan buqaatoonni haalawwan rakkisaa ta'e keessa jiraataniitti, ilaalchiiwwan maloota karoora maatii akka waan qaaniitti fudhatan kunneenis, shamarran rakkoolee ilaalcha gahee saala bu'urreeffataniif cimsanii akka abomaman dirqisiisuun hubannoo

Itoophiyaa, biyya uummata miliyoona 104 qabduutti, namoonni miliyoona 3.2 bakka jireenyaa isaanirraa buqqaa'an IDPs qabdi - isaan keessaa %51 dubartootaa fi shamarran yoo ta'an, %60 umuriin isaan waggaa 18 gadi.



LAKKOOFSA 1: Kaartaa Mootummoota Naannoolee Itoophiyaa

Qorannoon dhimmaa rakkoolee SRH fi fedhiwwan dargaggoo fi shamarran akkasumas dargaggoota biyya keessaa buqqaa’an IDPs kan naannoo Oromiyaa irratti gaggeefame.

fi fayyadama tajaajilawwan SRH isaanii irratti danqaa uuma. Sababii qaamaan adda baafamu isaanii, haqiinaa fi walitti fuufiinsa dhabu barnootaa fi tajaajilawwan SRH, maloota karoora maatii fi SRH irratti hubannoo dogongoraan hirmaattoota keessa ol’aanaadha. Irraa caalaa, haalonni rakkisoon namoonni bakkeewwan buqatoonni jiraatanitti argamanis dhimmoota bu’uuraa jireenyaafiguuyaatti isaan barbaachisu caalaa akka waa’ee SRH tiif dursa hin kenniine isaan taasiseera. Kana malees, naannichatti namoonni baayyachuu fi qulqullina dhabuun mataansaa dabalataan tajaajilli SRH akka dadhabuuf gumaateera; kan akka dahumsa nagaa fi yeroo laguutti qulqullina eeguurratti keessattu - dhimmota mirgawwan dubartootaa fi shamarranii irratti dhiibbaa taasisaniidha.

Qorannoon kunis muuxannoo haala jireenya hawaasa buqqaatoonni biyya keessaa yeroo dheeraaf keessa jiraatanii tokkicha qofa kan bakka bu’u ta’ullee, kan dhiibbaa dargaggootaa fi shamarran IDPs hedduun sababa hanqina gahuumsa tajaajilawwan irra gahaa jiru sirriti kan agarsiisuudha. Buqaatiin yeroo baayyeef turuu ykn kan caalaa itti dabalaa adeemuun isaa hawaasa dargaggoo fi shamarran kanneen tajaajilli SRH gadi aanaa walitti fufiinsa isaan saaxila. Kunis sarbama mirgaa kan akka heeruma ijoollummaa fi dirqiin raawwatamuu fi waa’ee fayyaa fi egeeree isaanii irratti dandeettii murtee beekumsaan guutame taasisuu irratti dhiibbaa gochu dabalatee, miidhaaf saaxilamtoota isaan taasisa. Kana malees, buqqaa’insa walitti fufiinsa qabu kan akkanaa kunis dargoaggoonni carraawwan barnootaa fi dinagdee akka dhaban waan taasisuuf dhaloota irratti dhiibbaa qabaachu danda’a, akkasumas haala gahaa ta’ee ofii fi maatii isaanii kunuunsa taasisuuf dandeettii hin qabaatan. Mootummaan Itoophiyaa wayita IDPs qe’ee isaanitti

deebiisuttis, hawaasni dargaggoo fi shamarranii kunneen tibba buqqaa’anii turaniifi erga deebiifamanii qubachiifamanii booda rakkoolee fayyaa fi misoomaa fedhiisaanii guutachuuf isaan mudatuu kan ofii isaanin adda baasan dhaggeeffachuu qabaata. Deebiin kunis hawaasa dargaggoo fi shamarranii haala gahaa ta’een hirmaachisuun dhimmoota itti aananiif deebii kan kennu ta’u qabaata:

- Bishaan, qulqullinaa naannoo fi qulqullina dhuunfaa fi deeggarsa sirna nyaataa dabalatee haala jireenya bakkeewwan buqqaatoonni jiraatanii fooyyeessuu.
- Bakka hawaasni argamuutti tajaajilawwan SRH dhiyeessuu.
- Hoogganoota IDP waliin ta’uun hirmaannaawwan haala aadaan fudhatama qaban mirkanneessuu.
- Shamarranii irratti xiyyeeffachuun hawaasa dargaggoo fi shamarraniif barnoota fayyaa, nageenyaa fi morgootaa kennu.

Hawaasni dargaggoo fi shamarraniif waa’ee SRH isaanii irratti filannoowwan beekumsa irratti hundaa’ee akka taasisaniifi nageenya isaanii waliigalaa akka fooyyeesaniif gargaaruuf, mootummaa fi dhaabbileen gargaarsaa akkasumas hirmaattoonni misoomaa haala aadaa hawaasa buqqaa’aniitiin walsimuun mari’achuu, barsiisuu fi waliin hojjachu qabu. Hawaasicha gama rakkoolee fedhii SRH hiikuu keessatti hirmaachisuun, hawwaasni buqqaa’ees akka waa’ee tajaajilawwan barbaachisoo ta’aniifi sagantaawwan fayyaa bal’naan hubataniifi hidhata qabaatan mirkaneessuuf ni gargaara. Bakka balaan jijjiirama qilleensaa fi sochiin dirqiin itti fufee jiruu keessatti, uummanni buqqaa’insa akkasiin rakkatu kanaaf yoo yaaliiwwan cimaa fi hirmaanaadhaan fedhiisaanii adda baasuun deebii kennuuf sochiin taasifameen alatti boodatti dhiifamu danda’u.

Galatawwan

Danqawwan SRH, fedhiwwaniifi hubannoo dargaggootaa fi shamarran bakka jireenya isaanirra buqqa'aan hawaasa kessaa magaaloota naannoo Oromiyaa, Itoophiyaatti hubachuuf qorannoon kun PAI fi Yuunivarsiitii Jimmaatiin qophaa'e. Qorannichi kan gaggeefame ture ammoo hooggansa Piroofeesar (Prof) Sudhakar Morankar fi Doktor (Dr) Zewdie Birhanu, Yuunivarsiitii Jimmaatti Daareektara Jiddugala Akeekachisa Busaa Itoophiyaa fi Gargaaraa Piroofeesara Zewdie Birhanu - Yuunivarsiitii Jimmaa, Institiyuutii Fayyaatti, Dipaartimantii Fayyaa, Amalaa fi Hawaasaatti goratoota fi barsiisotadha, Jamie Vernaelde, PAI tti qorataa olaanaafi xinxalaa imaammataa, karoora qorannichaafi adeemsa (methodology) isaa gulaalniiru. Yuunivarsiitii Jimmaatti Boordii Xinxala Institiyuutii qorannicha kan mirkanneesse yoo ta'u, akkasumas IDPs waliin akka hojatan aanga'oondi bulchiinsa naannoo haayama kennaniiru. Ragaa funaantoonni Yuunivarsiitii Jimmaa irraa yoommuu ta'an isaanis fi Yoohaannis Kabbadaa, Fira Abbaamaca, Alami Kabbadaa fi Galiilaa Abraaham kan hammatuudha. Gabaasichi kan barraa'ee Jamie Vernaelde tiin yoo ta'u, Sudhakar Morankar fi Zewdie Birhanu tiin gulaalameera.

Waa'ee PAI

Nuti PAI itti, dhugaa cimaa tokkoon kakaafamneerra: Dubartiin fayyaa wal-hormaata isheetiif itti gaafatantu taate tokko jireenya ishee geeddaruu fi hawaasa ishees jijjiiruu ni dandeessi.

Ergamni keenyas karaa qorannoo, deeggarsaa fi yaadawwan kalaqaa haaraatiin walta'iinsa taasiisuun, gahiinsa daanga maleesa fayyaa saalaa fi wal-hormaataa fi mirgootaa beeksisuu dha.

Waa'ee Yuunivarsiitii Jimmaa

Yuunivarsiitiin Jimmaa inistitiyuutii barnoota ol'aanaa uummataa bara 1999 kan hundeffameedha. Innis dhaabbataa Barnoota Hawaasa kalaqaratti hundaa'ee - jiddu-galeessa taasifachuun barnoota olaanaa kennuudhaan Itoophiyaa keessatti kan jalqabaati. Yuunivarsitichis barnoota hawaasa bu'ureffate, kalaqaawaa fi dinqisiifamuu isaatiinis barnoota digrii jalqabaa fi digrii lammaffaatiin barattoota ogummaa sadarkaa ol'aanaa qaban leenjisa jira.